# JESUS 316

# Yesuus eenyu?

**Yesuus eenyu?** Gaaffii kanaaf deebii isa sirrii kan nuuf laatu, Macaafa Qulqulluu dha. Ergamaan Phaawulos, 2 Ximotewos 3:16 irratti *"Caaffanni qulqullaa'aan hundinuu gaggeessaa hafuura Waaqayyootiin caafame,"* jechuun barreessera. Macaafni sagalee Waaqayyoo ta'e kun, Seera Uumamaa irraa hanga Macaafa Mul'ataa keessatti, Yesuus jireenya bara baraa isa yeroo darbee fi gara fuul-duraa dhufu keessatti Waaqayyo ta'uu isaa nu barsiisa. Macaafni, *"inni jiru, inni ture, inni dhufuuf jiru, inni hundumaa danda'u, Ani Alfaa dha, Omeegaa dhas,"* Mul'ata 1:8 jechuun labsa. Macaafni Qulqulluun, Yesuus Waaqayyo, Uumaa, Tiksee Gaarii, Gooftaa, Furee, Hoolaa Waaqayyoo, Gooftaa Gooftotaa, Mootii Moototaa, Amaanu'eel (Waaqayyo nu waliin ta'e), Fayyisaa, Angafa Lubaa, Du'aa ka'umsa fi Jireenya jechuudhaan addummaan ibsa.

**Yesuus Uumaaa ture**. *"Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; sagalichi Waaqayyo bira ture; sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture. Wanti hundinuus isumaan ta'e. Akkasumas Sagalichis foon uffate, nu waliinis buufate; nutis aangoo isaa argine, innis aangoo Abbaa irraa qofa argamuu isaati."* Yohannis 1:1-14 irraa kan fudhatame. *"Wanti waaqa keessa jiruu fi wanti lafa irra jiru hundinuu, wanti ijaan argamuu fi wanti ijaan hin argamne, warri teessota irra taa'anii fi warri mootummaa qaban, warri bantii waaqaa keessaa gooftummaa fi aboo qabu jedhamanii sodaataman isaan uumaman; wanti hundinuu karaa isaa uumame, isaafis uumame."* Qolosaayis 1:16-17 irraa kan fudhatame.

**Yesuus "Isa Jiraataa" dha.** Yesuus, Macaafa Ba'uu 3 (~1,450 Dh.K.D) irratti Ergamaan Gooftaa, huxxii qoraatii boba'aa jiru keessaa Musee waamee, "ANI" jedhee eegaluun guddummaa isaa ibseera. Yohannis 8 irratti Yesuus, "ANI" inni jedhe, guddichi Abrahaam (~2,100 Dh.K.D) fi saba Yihudootaa dura ture isa ofii isaa akka ta'e himeera. Yihudoonni Waaqummaa isaa himachuu isaa arganii, Isa ajjeesuuf dhagaa itti kaasan. Boodas Yesuus, *"Abbaanii fi ani tokko"* jedheera, Yohannis 10:30-31. Yihudoonni ammas deebisanii dhagaa kaasan.

**Yesuus Kakuu Moofaa keessatti.** Namni Waaqayyo Abbaa arge tokkoyyuu hin jiru, Yohannis 1:18, 6:46. Haa ta'u malee, Waaqni Beetaliheemitti foon uffatee dhalachuu isaa dura, Yesuus, bara Kakuu Moofaa keessaa namoota baay'eetti mul'ateera. Seera uumamaa 16 fi 21 keessatti Aggaaritti, Ba'uu 3 keessatti Museetti, Abboota Firdii 6 keessatti Gidewonitti, Abboota Firdii 13 keessatti maatii Siimsonitti, ergamaa Waaqayyoo ta'ee mul'ateera. Dabalataaniis, Yesuus Seera Uumamaa 18 fi 22 keessatti Abrahaamiifi, Seera Uumamaa 31 & 32 keessatti immoo Yaaqoobitti mul'ateera. Isaayaas 48:12-19 (Dh.K.D naannoo bara 700tti kan barreeffame) keessattis, Yesuus Sadan tokkummaa keessatti akka isa tokkootti caqafameera.

**Yesuus isa eegamaa turedha.** Waggoota dhibbaan lakkaa'aman dura, raajiiwwan Kakuu Moofaa 300 ol ta'an, dhalachuu, jireenyaa fi du'a Yesuus ibsaaniru. Raajota kanneen keessaa tokko tokko, Faarfannaa 22 irratti waa'ee fannifamuu isaa irratti ibsa suukaneessaa kennu (kan barreeffame naannoo bara 1,000 Dh.K.D yoo ta'u, yerochi yeroo dhagaadhaan rukutuun tooftaa ajjeechaa itti turedha). Raawwiin raajiiwwan Faarfannaa 22 kanneenii, Maatewos 27 irratti galmaa'eera.

**Yesuus Waaqa-Nama ta'e.** Raajichi Isaayaas *"Mucaan nuuf dhalateera, ilmis nuuf kennameera"* jechuun raajeera, Isaayaas 9:6. Isaayaas, Tokkichi sun, Waaqa humna qabeessa ta'uu isaa himeera. Ilmi bara baraa sun, akka daa'imaatti, Beetaliheemitti dhalatee nuuf kenname. Yesuus dhalachuu isaatiin dura, bara baraaf jiraataa ture. Maqaan "Ilma Waaqayyoo" jedhu dhaloota osoo hin taane eenyummaa isaa ibsa. Yeroo Beetaliheemitti dhalate sana, jireenyatti dhufe jechuu miti. Ergamaan Phaawuloos akkas jedhee barreesse, *"Yaada garaa isa Kristos Yesus qaba ture qabaadhaa! Inni bifa waaqayyummaatiin utuma jiruu, ulfina waaqayyummaa isa abbaa isaa wajjin wal isa qixxeessu wanta qabatanii itti hafanitti hin lakkoofne. Inni ulfina sana gad dhiisee, akka waan, waan tokkotti hin galle of godhe; bifa garbummaa in fudhate; fakkaattii namummaatiin in dhalate, waan hundumaanis nama ta'ee argame. Inni gad of deebisee, hamma du'aatti, hamma fannifamee du'utti iyyuu abboomamaa ta'e."* Filiphisiiyus 2:5-8. Yesuus Waaqa ta'ee osoo jiruu guutummaatti nama ta'e. Yesuus jiraataan bara baraa, inni dursee ture, nama ta'uuf Samii irraa bu'e, Yohannis 3:13, 31, Yohannis 6:33-38. Yesuus, yeroma tokkotti Waaqaa fi nama ture.

**Yesuus dinqiiwwan raawwate.** Dinqiiwwan inni raawwate hedduun isaanii Kakuu Haaraa keessatti galmaa'anii argamu. Sadan isaanii haala ajaa'ibaatiin dubbii Isaatiin kan raawwataman turan. Dinqiidhaan namoota 5,000 soore achiis, *"Ani buddeena jireenyaa ti"* jedheera, Yohannis 6:35. Nama ija jaamaa tokko erga fayyiseen booda *"Biyya lafaa keessa hamman jirutti, ani ifa biyya lafaati,"* jedhe Yohannis 9:1-8. Akkasumas, Yesus deebisee, *"Du'aa ka'uun, jireenyis ana; namni anatti amanu yoo du'e iyyuu in jiraata."* jedhe Yohannis 11:25. Sana booda Yesuus gara awwaala hiriyaa isaa Alaazaar isa guyyoota afuriif du'a keessa tureetti deemee, du'aas isa kaase. Yesuus warreen dhukkubsatan, warreen naafa, warreen gurri isaanii hin dhageenye, warreen hin dubbanne, warreen qurcii fi namoota hafuura hamaan qabaman fayyise. Bishaan gara wayiniitti jijjiiree, bishaan irra tarkaanfate, galaana tasgabbeesse. Maatewos 9:2-7 waa'ee namoota nama laamshoo tokko gara Yesuusitti fidanii dubbata.

OROMO

Yesuus namichichaan, *"ilma koo jabaadhu! cubbuun kee hundinuu siif dhiifameera"* jedheen. Geggeessitoonni amantii, cubbuuf dhiifama gochuu kan danda'u Waaqayyo qofa jechuun, dubbiin isaa sun arrabsoo akka ta'etti yaadan. Yesuus deebisee isaan gaafate, *"Kamtu salphaa dha? Cubbuun kee siif dhiifameera jechuu moo yookiis ka'iitii adeemi jechuu? Garuu ilmi namaa lafa irratti dhiifamuu cubbuu kennuudhaaf aboo akka qabu beekaa isaaniin jedhe. Namicha isa lamshoon immoo, 'Ka'iitii siree kee fudhadhuu mana keetti gali" jedheen.*

**Yesuus Waaqayyo ta'uu isaa mirkaneesse.** Yesuus raajiiwwan waa'ee dhaloota, jireenyaa fi du'a isaa Kakuu Moofaa keessatti raajaman raawwateera. Dinqiiwwan Waaqummaa isaa agarsiisan hedduus agarsiisera. Aangoodhaan barsiisaas tureera. *"Yesuus dubbii isaa kana dubbatee yommuu raawwate, namoonni na'anii barsiisa isaa in dinqisiifatan. Inni akka barsiisota seeraa warra kan isaanii utuu hin ta'in akka nama aboo qabuutti isaan in barsiisa ture."* Maatewos 7:28-29. Kana malees Yesuus, jireenya cubbuu hin qabne jiraatera, Ibroota 4:15, 1 Phexros 2:22, 1 Yohannis 3:5. Yesuus, akka Waaqa-Nama cubbuu hin qabneetti, cubbuu keenyaaf jecha fannoo irratti aarsaa ta'uun Hoolaa Waaqayyoo isa mudaa hin qabne ta'e. *"Nuyi cubbuu jalaa duunee qajeelinaaf akka jiraannuuf, inni ofii isaatii cubbuu keenya dhagna isaatiin baatee fannootti ol ba'e; madaa'uu isaatiin isin in fayyifamtan."* 1 Phexros 2:24.

**Yesuus ni fannifamee du'aas ni ka'e.** *"Akka jireenya keessanii isa abboota keessan irraa isinitti darbee, isa waa'ee hin baafne sana jalaa, wanta badu waan akka meetii yookiis warqeetiin akka hin furamin, isin iyyuu in beektu. Garuu Kristos dhiiga isaa isa gati-jabeessaan, isin fureera; inni akka hoolaa mudaa yookiis xurii hin qabnee ti."* 1 Phexros 1:18-19. *"Jarris isuma mukatti fannisanii ajjeesan. Waaqayyo garuu guyyaa sadaffaatti du'aa isa kaasee, akka inni mul'atu godhe. Raajonni hundinuu, namni isatti amanu hundinuu maqaa isaatiin dhiifamuu cubbuu akka argatu, isaaf dhugaa ba'aniiru."* Hojii Ergamootaa 10:39-40, 43. *"Hundumaa irra caalaa waanan ofii kootii fudhadhe isinitti dabarsee kenneera; innis caaffanni qulqullaa'oon akka jedhanitti, Kristos cubbuu keenyaaf du'eera; inni awwaalameera, caaffanni qulqullaa'oon akka jedhanitti guyyaa sadaffaattis du'aa kaafameera."* 1 Qorontos 15:3-4. Yesuus gara samiitti ol ba'uu isaa dura, awwaala keessaa ka'uun, namoota ragaa ta'an hedduutti mul'ateera.

**Karaan gara Waaqayyootti geessu Yesuus qofadha.** Yesuus deebisee, *"Karichi, dhugaan, jireenyis, ana; anaan yoo ta'e malee, eenyu iyyuu gara abbaa hin dhufu."* jedhe Yohannis 14:6. Ergamaan Phexros, *"Fayyinnis Yesus Kristos duwwaadhaan malee, kan biraatiin tokko illee hin jiru; maqaan kan biraa, ittiin fayyuun kan nuuf ta'u, waaqa jalaa ilmaan namootaaf hin kennamne,"* jedheera Hojii Ergamootaa 4:12. Ergamaan Phaawuloosis akkas jechuun barreesse, *"Waaqayyo tokkicha, inni gidduu dhaabatee Waaqayyoo fi nama walitti fidus tokkicha; inni immoo Kristos Yesus isa nama ta'ee mul'atee dha. Inni furii namoota hundumaatiif ofii isaa dabarsee kenne; kunis yeroo isaatti dhugaa baafame,"* 1Ximotewos 2:5-6. Karaan Yesuus gara Waaqayyootti geessuu, karaalee amantiiwwan hundumaa irraa adda. Amantiiwwan, rakkoo cubbuu keenyaaf furmaata hin kennan. Walumaagalatti, akka hiika isaanii wanta gaarii fi hamaa irratti qaban irratti hundaa'uun, wantoota gaarii ta'an yoo hojjattan, waaqoliin isaanii cubbuu keessan irra darbuun, gara Samiitti isin galchuu akka danda'an barsiisu. Karaan Yesuus garuu, isatti amanuudhaan cubbuun keenya fannoo irratti kaffalamuun dhiifama nuuf godhamuudha. Yesuus wajjin gara Samii deemtu. *"Waaqayyo, akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate; kun immoo isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti."* Yohannis 3:16.

**Yesuus deebi'ee ni dhufa.** Yesuus bartoota isaatiin, *"Garaan keessan hin raafamin, Waaqayyotti amanaa, anattis amanaa! Mana abbaa koo keessa iddoon jireenyaa baay'eetu jira; utuu inni hin jiru ta'ee, isinitti nan himan ture; iddoo jiru sana isiniif qopheessuudhaaf nan adeema. Yommuun dhaqee iddoo sana isiniif qopheessus, iddoodhuma ani jiru isinis akka jiraattaniif, deebi'ee dhufeetan gara ofii kootiitti isin fudhadha."* Jedheen Yohannis 14:2-33. Jechoota Macaafa Qulqulluu isaan dhumaa irratti Yesuus, *"Eeyyee, dafee [battala] nan dhufa"* jedheera. Ergamaan Yohannisis itti dabaluudhaan, *"Ameen! Koottu, Gooftaa Yesuus,"* jedhe Mul'ata 22:20-21. Osoo Yesuus har'a deebi'ee dhufee, isa qunnamuuf qophiidhaa? Yesuusitti amanuu fi dhiifama Waaqayyoo argachuudhaaf qophaa'uu keessan mirkaneeffachuuf www.Gospel316.org daawwadhaa.

**Yesuus bara baraa isa yeroo darbee kaasee hanga bara baraa gara fuula duraatti Waaqayyodha.**

**Maqaan Isaa waamamuu isaa dinqisiifachaa ajaa'ibsiifadhaa!**

---

*Yesuus eenyu?* © 2025 John D. Morris III barreeffamee Acts One Eight'n kan maxxanfame dha. Ibsa guutuu kana, qabiyyee guutuu isaa osoo hin jijjiirin bilisaan maxxansuu, waraabuu, dhoobuu, imeeliidhaan ykn ergaa gabaabaan erguu ni dandeessu. Tajaajila keessan, maqaa ykn asxaa waldaa keessanii gubbaa fuula tokkoo irratti dabaluu fi odeeffannoo quunnamtii keessan immoo sarara gubbaa naannoo fuula lammaffaa irra kaa'uu ni dandeessu. Jesus316 Macaafa Qulqulluu qofa irratti kan hundaa'edha. Namoonni Yesuus Kiristoositti akka amananii fi sana booda gara duuka buutuu isaa ta'uutti guddachuu irratti isaan gargaaruuf kan yaadameedha. Acts One Eight tiif (yoo danda'ame Afaan Ingiliffaatiin) kara Hello@Mail316.org imeelii erguu ni dandeessu. Tajaajilli turjumaanaa warrreen Ingiliffaa hin dandeenyeef kan dhiyaate, www.ChristianLingua.com. dhaani. *Yesuus eenyu?* afaanota 48n bilisaan www.Jesus316.org gubbaatti ni argama. Luqqisiiwwan Macaafa Qulqulluu Afaan Ingiliffaa, maxxansa The Lockman Foundation's New American Standard Bible 1995 irraa fudhataman. Hiika kana keessatti luqqisiiwwan Macaafa Qulqulluu gosa, Oromo Bible irraa kan fudhatamanidha.